Dambii Lak. 199/2010

**Dambii Gumii Walgargaarsa Hawaasaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe**

Naannoon keenya bakki hedduun balaawwan nam-tolchee fi uumamaatiif kan saaxilaman waan ta'eef rakkoo hawaasummaa fi diinagdee sababa kanaan dhufan kana hirmaannaa hawaasaatiin xiqqessuun barbaachisaa ta'e waan argameef;

Hirmaannaan hawaasni fedhii isaatiin hojii tola ooltummaarratti gochaa jiru bu'uureffachuun aadaa walgargaarsaa hawaasichaa karaa gurmaa'een caalmaatti bu'a qabeessa gochuuf sirna gumiin walgargaarsa hawaasaa itti hundaa'u diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Mootummaa, Dhaabbilee arjoomtotaa, Dhaabbilee Amantaa fi hawaasa irraa leecalloo argaman iftoominaa fi ittigaafatamummaan qaama ilaallatuuf akkaataa barbaadamuun dhaqqabsiisuuf uwwisa seeraa akka argatu taasisuun barbaachiisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lak. 199/2008 keewwata 74 (2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Hundeeffama Gumii Walgargaarsa Hawaasaa Naannoo Oromiyaa Lak. 199/2010"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

   1) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
   2) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaati.
   3) **"Gumii Walgargaarsa Hawaasaa"** jechuun gurmaa'insa Gandaa bu'uura godhachuun dhaabbilee hawaasaa adda addaa fi fedhii fi kaka'umsa hawaasaa irratti hundaa'ee rakkoolee naannoo isaa jiru dandeettii isaatiin hiikuuf qindoomina mootummaa fi miti-mootummaan kan deeggaramuu fi qaama ilaallatuun qaamni seerummaa kan kennameef jaarmiyaa hawaasaa bu'aaf hin hundoofne jechuudha.
   4) **"Gumii"** jechuun gumii Walgargaarsa Hawaasaa Naannoo Oromiyaati.
   5) **"Fayyadamtoota Sagantaa Gumii Walgargaarsa Hawaasaa"** jechuun seerota adda addaa Naannichaa fi Imaammata eegumsa hawaasummaatiin xiyyeeffannaan dursaa kan kennamaniif qaamolee hawaasaa jireenya saaxilamummaa hawaas-diinagdee hamaa keessa jiraatan jechuudha.

6) **“Koree Qindeessituu”** jechuun gumii walgargaarsa hawaasaa ol’aantummaan kan deeggaru, kallattii kan kaa’uu fi sadarkaa sadarkaan kan hundaa’u, bakka bu’oota seektaroota Mootummaa adda addaa kan qabatee jechuudha.
7) **“Buusii Hawaasaa”** jechuun deeggarsaa fi walgargaarsa hawaasaaf akka ooluuf bakka hojii yookiin jireenyaatti maallaqa yookiin leecalloo biroo bilisaan walitti qabamu jechuudha.
8) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuudha.

**3. Ibsa koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiratiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun Naannoo Oromiyaa keessatti Gumii Walgargaarsa Hawaasaa Dambii kanaan hundeeffamanii fi Gumii walgargaarsa hawaasaa kanaan dura hayyama Biiricha irraa fudhatanii hojjechaa turan irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama

## Hundeeffama, Ittiwaamama, Kaayyoo, Aangoo fi Hojii Gumii Walgargaarsa Hawaasaa

**5. Hundeeffama**

Gumii walgargaarsa Hawaasaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda **“Gumii Walgargaarsa Hawaasaa”** jedhamee waamamu sadarkaa Gandaatti Dambii kanaan hundeeffamee jira.

**6. Ittiwaamama Gumichaa**

Itti waamamni gumichaa koree qindeessituu Aanaa yookiin Magaalaatiif ta’a.

**7. Teessoo**

Teessoon Waajjira Gumichaa Waajjira Bulchiinsa Gandaa keessa ta’a.

**8. Kaayyoo**

Gumiin Walgargaarsa Hawaasaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Hawaasicha bu’uura kan godhatee fi ittifufiinsa kan qabu qaamolee hawaasaa rakkoo keessa jiraniif kan oolu sirna galiin itti sassaabamuu fi ittifayyadama isaa diriirsuu;
2) Kutaalee hawaasaa rakkoo diinagdee fi hawaasummaaf saaxilaman deeggarsa argatanii hojjechuun yaada hirkattummaa keessaa bahanii ofitti amantummaa akka qabaatan gochuuf;
3) Qaamolee hawaasaa jireenya saaxilamummaa hammaataa keessa jiraatanii fi hirkoo hin qabne qixa dhaabbilee hawaasaa hammatuun deeggarsaa fi kunuunsa akka argatan gochuu;
4) Rakkooleen hawaasummaa osoo hin uumamin madda isaanii qorachuun ka’umsa irraa tarkaanfii ittisaa fudhachuufi.

**9. Gurmaa'ina**

1) Baay'inni Miseensota Gumii sadarkaa Gandaatti hundaa'u akka fedhii fi baay'ina ummata Gandichaatti dabaluu kan danda'u ta'uun isaa akka eegametti ta'ee; ka'umsaaf miseensota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Dura taa'aa Gandichaa ------------------------------------------------ Walitti qabaa
   (b) Miseensa Gumii keessaa kan filatamu --------------------------- I/Aanaa Walitti qabaa
   (c) Hoji gaggeessaa (Manaajera) Gandichaa ------------------------------------- Barreessaa
   (d) Bakka bu'aa Koree Mirga Daa'imaanii ---------------------------------------- Miseensa
   (e) Bakka bu'aa Waldaa Maanguddootaa ------------------------------------------ Miseensa
   (f) Bakka bu'aa Waldaa Dubartootaa ----------------------------------------------- Miseensa
   (g) Bakka bu'aa Waldaa Dargaggootaa -------------------------------------------- Miseensa
   (h) Bakka bu'aa Waldaa Qaama Miidhamtootaa ----------------------------------- Miseensa
   (i) Bakka bu'aa Waldaa namoota HIV/AIDS dhiiga isaanii keessa jiruu --------- Miseensa
   (j) Bakka bu'aa Kominitii Poolisiingii --------------------------------------------- Miseensa
   (k) Bakka bu'aa Miseensa Mana Maree Gandichaa ------------------------------- Miseensa
   (l) Qindeessaa Mana Barumsaa ----------------------------------------------------- Miseensa
   (m) Bakka bu'aa Ekisteenshinii Fayyaa ------------------------------------------ Miseensa
   (n) Dhaabbile Miti-mootummaa Gandichaa keessa socho'an --------------------- Miseensa
   (o) Bakka bu'aa Hojjettota Qonnaa ------------------------------------------------ Miseensa
   (p) Bakka bu'oota Afooshaalee ------------------------------------------------------ Miseensa
   (q) Bakka bu'oota Dhaabbilee Amantaa ------------------------------------------ Miseensa
   (r) Bakka bu'aa Abbootii Qabeenyaa --------------------------------------------- Miseensa
   (s) Bakka bu'aa Namoota Bebbeekamoo ------------------------------------------- Miseensa
   (t) Abbaa Gadaa yookiin jaarsa biyyaa tokko ------------------------------------ Miseensa

2) Abbaan Herreegaa, Too'ataan keessaa fi Qabaan Maallaqaa miseensota gumii keessaa kan filataman ta'a.

**10. Aangoo fi Hojii Gumichaa**

Gumichi Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Qaamolee hawaasaa rakkoof saaxilaman Gandicha keessa kan jiran akkaataa bal'inaa fi guddina rakkoo isaaniitiin adda bahee ragaan akka qabamu ni taasisa;
2) Madda leecalloo adda baasuun koree dhimmi ilaaluuf kallattii ni kenna;
3) Dhaabbilee miti-mootummaa Gandicha keessa hojjetan waliin qindoomuun ni hojjeta;
4) Dambii ittiin bulmaata keessoo ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa;
5) Karoora waggaa fi gabaasa raawwii hojii gumichaa Koree Qindeessituuf ni dhiyeessa;
6) Ulaagaa calallii fayyadamtootaa ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
7) Deeggarsa fayyadamtootaaf hanga taasifamu ni murteessa;

8) Ragaa fayyadamtootaa qindaa'ee akka qabamu ni taasisa;
9) Hubannoo hawaasaa dhimmicha irratti akka cimuuf ni hojjeta;
10) Leecalloon miseensota isaa irraa fi qaamolee adda addaa irraa akka walitti qabamu ni taasisa;
11) Gareewwanii fi namoota dhuunfaa Gumicha keessatti gumaacha ol'aanaa godhan ni jajjabeessa; beekamtiin akka kennamu ni taasisa;
12) Haala fayyadamtootaa ni hordofa; ni xiinxala; rakkoowwan uumamaniif furmaata ni kenna.

**11. Aangoo fi Hojii Walitti Qabaa Gumichaa**

Walitti qabaan itti waamamni isaa Gumichaaf ta'ee, Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan Gumii Gandichaa ni qindeessa;
2) Waamicha Walgahii Gumii Gandichaa ni taasisa; ni gaggeessa;
3) Koreewwan xixiqqaan aangoo fi hojii isaanii sirnaan bahuu isaanii ni hordofa;
4) Galii fi bahii maallaqaa akkaataa seeraan hojiirra ooluusaa ni hordofa;
5) Sochii guyyaa guyyaa hojii koreewwanii ni hordofa; ni to'ata;
6) Hojii dabalataa biroo gumichaan kennamuuf ni raawwata.

**12. Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Walitti Qabaa Gumichaa**

Itti aanaan Walitti qabaan gumichaa Itti waamamni isaa walitti qabaaf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Yeroo walitti qabaan hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta,
2) Hojiiwwan dabalataa walitti qabaadhaan kennamaniif ni raawwata.

**13. Aangoo fi Hojii Barreessaa**

Barreessaan gumichaa itti waamamni isaa walitti qabaaf ta'ee, Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan barreeffamaa gumichaa ni raawwata;
2) Ajandaawwan walgahii qopheessee ni dhiyeessa;
3) Walgahiiwwan yeroo gaggeeffaman qaboo yaa'ii ni qaba;
4) Walitti qabaa fi itti aanaan walitti qabaan yeroo hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta,
5) Hojiiwwan biroo walitti qabaadhaan kennamuuf ni raawwata.

**Kutaa Sadii**

**Aangoo fi Hojii Koree Hojji Raawwachiiftuu fi Koreewwan Xixiqqaa**

**14. Miseensota Koree Hojii Raawwachiiftuu Gumichaa**

Koreen hojii raawwachiiftuu Gumichaa miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) I/Aanaa walitti qabaan gumii walgargaarsa hawaasaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Walitti qabaa
2) Nama Gumichaan filatame ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ I/Aanaa walitti qabaa
3) Barreessaa gumichaan kan filatame ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Barreessaa

4) Gumichaan kan filatamu ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Abbaa Herregaa
5) Gumichaan kan filatamu ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Qabaa Maallaqaa
6) Walitti qabaan koreewwanii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensota
7) Bakka bu'aan waldaa dubartootaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
8) Bakka bu'aa waldaa Amantaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
9) Bakka bu'aa Afooshaalee ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa.

**15. Aangoo fi Hojii Koree Hojii Raawwachiiftuu Gumichaa**

Koreen Hoji Raawwachiiftuu Gumichaa Itti waamamni isaa gumichaaf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora hojii fi baajataa qopheessuun gumichaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojirra ni oolcha;
2) Gabaasa raawwii hojii fi karooraa gumiichaaf ni dhiyeessa; kallattii fuulduraa fudhachuun hojiirra ni oolcha;
3) Dhimmoota murtii barbaadan gumiichaaf ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
4) Karooraa fi raawwii hojii koreewwan xixiqqaa ni gamaagama; kallattii ni kaa'a;
5) Karoora leecalloo walitti qabuu, miseensa baayyifachuu, liqii marmaartuu fi gargaarsa kallattii fayyadamtoota adda ni baasa; ni calala; itti fayyadama isaa ni murteessa;
6) Hojiirra olmaan baajata hojimaata taa'e hordofee deemuu isaa ni mirkaneessa;
7) Rakkoolee humna koreewwan xixiqqaadhaa ol ta'an furmaata ni kenna; akka keennamuuf ni taasiisa;
8) Karoora raawwii hojii koreewwan xixiqqaa ni xiinxala; duubdeebii ni kenna;
9) Hojiiwwan koree gumichaa hojiiwwan sektaroota mootummaa fi dhaabbilee miti-mootummaan raawwataman waliin qindeessuun ni hojjeta;
10) Yaadoota gumiichaaf dhiyaatanii fi murtii gumichaa barbaadan adda baasuun barreeffamaan gumichaaf ni dhiyeessa;
11) Hojiilee adda addaa gumichaan kennamuuf ni raawwata.

**16. Aangoo fi Hojii Walitti Qabaa Koree Hoji Raawwchiiftuu**

Itti waamamni walitti qabaa koree hoji raawwchiiftuu gumichaaf ta'ee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Koree hoji raawwachiiftuu Gumichaa ni gaggeessaa;
2) Koree hoji raawwchiiftuu Gumichaa bakka bu'ee xalayaa ni barreessa; ni mallatteessa; deebii ni kenna;
3) Yaada murtee koreewwan xixiqqaadhaan dhiyaatan ni xiinxala; ni mirkaneessisa;
4) Walitti qabamaa fi fayyadama leecalloo ni hordofa;
5) Calallii fayyadamtoota liqii marmaartuu ni xiinxala; ni mirkananeessisa;

6) Qondaala herregaa fi qabaa maallaqaa waliin ta'uun sochii maallaqaa irratti ni mallatteessa;
7) Baasii maallaqaa irratti ni ajaja;
8) Qaamota biroo waliin walitti dhufeenyi hojii akka cimu ni hojjeta;
9) Gabaasa hojii yeroo yeroon Gumichaaf ni dhiyeessa.

**17. Aangoo fi Hojii I/Aanaa Walitti Qabaa Koree Hoji Raawwachiiftuu**

Itti waamamni I/Aanaa walitti qabaa Walitti qabaa koree hoji raawwchiiftuuf ta'ee, Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Yeroo walitti qabaan hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta;
2) Hojiiwwan dabalataa walitti qabaadhaan kennamaniif ni raawwata.

**18. Aangoo fi Hojii Barreessaa Koree Hoji Raawwachiiftuu**

Barreessaan Koree hoji raawwachiiftuu itti waamamni isaa dura taa'aa koree hoji raawwachiiftuuf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan barreeffamaa koree hoji raawwachiiftuu ni raawwata; dokumantii barbaachisoo ta'an ni qabata;
2) Ajandaa walgahii ni qopheessa; qaboo yaa'ii ni qabata;
3) Yeroo dura taa'aa fi I/Aanaa dura taa'aan hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta;
4) Hojiiwwan biroo dura taa'aa fi itti aanaa dura taa'aa koree hoji raawwachiiftuutiin kennamaniif ni raawwata.

**19. Aangoo fi Hojii Abbaa Herregaa**

Abbaan Herregaa itti waamamni isaa dura taa'aa koree hoji raawwachiiftuuf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Qajeelfama irratti hundaa'uun sochii maallaqaa ni hordofa;
2) Galmee herregaa qopheessuun ni qabata; baasii fi galii maallaqaa ni galmeessa;
3) Sochii maallaqaa irratti, dura taa'aa fi qabaa maallaqaa waliin ta'uun ni mallatteessa;
4) Gabaasa sochii faayinaansii qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa.

**20. Aangoo fi Hojii Qabaa Maallaqaa**

Qabaan maallaqaa itti waamamni isaa dura taa'aa koree hoji raawwachiiftuutiif ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Qajeelfamarratti hundaa'uun yeroo ajajamu maallaqa galii ni taasisa; baasii ni raawwata;
2) Galmeewwan galii fi baasii ittiin raawwatame ni qabata;
3) Dura taa'aa fi abbaa herregaa waliin ta'uun sochii maallaqaa irratti ni mallatteessa;
4) Yeroo ajajamu kaffaltii seera qabeessa ta'e ni raawwata.

**21. Koree Odiitii Gumichaa**

Miseensonni koree odiitii gumichaa kanneen armaan gadiiti:

1) Gumii Walgargaarsa Hawaasaan kan filatamu ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Walitti qabaa

2) Gumii Walgargaarsa Hawaasaan Kan filatamu ---------------------------------- Barreessaa
3) Gumii Walgargaarsa Hawaasaan Kan filatamu ----------------------------------- Miseensa.

22. **Aangoo fi Hojii Koree Odiitii Gumichaa**

Koreen Odiitii itti waamamni isaa Gumichaaf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Seeraa fi qajeelfama irratti hundaa'uun leecalloo fi maallaqa gumichaa ni to'ata;
2) Galii fi baasiin akkaataa seeraa fi qajeelfama taa'een raawwatamuu isaa ni hordofa;
3) Hojiirra oolmaa hojimaataa ni to'ata; duubdeebii ni kenna;
4) Gabaasa odiitii gumichaaf ni dhiyeessa.

23. **Koree Hubannoo Uumuu Gumichaa**

Miseensonni koree hubannoo uumuu gumichaa kanneen armaan gadiiti:

1) Bakka bu'aa Ekisteenshinii Fayyaa ---------------------------------------------- Walitti qabaa
2) Dareekteera Mana Barumsaa ---------------------------------------------------- Barreessaa
3) Dura taa'aa Waldaa Dargaggoota Gandichaa --------------------------------------- Miseensa
4) Dura taa'aa Waldaa Dubartootaa ------------------------------------------------- Miseensa
5) Bakka bu'aa Waldaa Manguddootaa Gandichaa ------------------------------------ Miseensa
6) Bakka bu'aa Waldaa qaama miidhamtaa Gandichaa -------------------------------- Miseensa
7) Bakka bu'aa Waldaa Hubamtoota HIV/AIDS ---------------------------------------- Miseensa
8) Bakka bu'aa Koree Hordoffii Mirga Daa'immanii ----------------------------------- Miseensa
9) Bakka bu'aa Koree Hordoffii Daa'imman Haala Rakkisaa Keessa Jiranii ----------- Miseensa
10) Kilaba Mirga Daa'immanii ------------------------------------------------------- Miseensa
11) Bakka bu'aa Dhaabbilee Amantaa ------------------------------------------------ Miseensa.

24. **Aangoo fi Hojii Koree Hubannoo Uumuu Gumichaa**

Koreen Hubannoo Uumuu itti waamamni isaa koree hoji raawwachiiftuuf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aadaan walgargaarsa hawaasaa akka cimuuf hubannoo ni uuma;
2) Sababoota rakkoolee jireenya hawaasummaa hawaasa keessa jiru qorachuun bu'aa qorannichaa miseensota gumii walgargaarsa hawaasaa ni dhiyeessa;
3) Qaamolee hawaasaa gara garaa rakkoolee hawaasummaaf saaxilamaniif hubannoo ni kenna;
4) Gabaasa yeroo yeroon qindeessuun koree hojii raawwachiftuuf ni dhiyeessa.

25. **Koree Leecalloo Walitti Qabu**

Miseensoonni koree leecalloo gumichaa kanneen armaan gadiiti:

1) Hojjetaa Misooma Qonnaa Gandichaa ---------------------------------------- Walitti qabaa
2) Bakka bu'aa Waa/Carraa H/U/fi Wabii Nyaataa ------------------------------ Barreessaa
3) Bakka bu'aa Abbootii Qabeenyaa ---------------------------------------------- Miseensa
4) Bakka bu'aa Waldaa Dargaggootaa --------------------------------------------- Miseensa

5) Bakka bu'aa Waldaa Dubartootaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
6) Bakka bu'aa Afooshaalee ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
7) Bakka bu'oota Dhaabbilee Amantii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
8) Dhaabbilee Miti Mootummaa Gandicha keessatti hojjetan ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
9) Maanguddoo Gandicha keessaa Dhageettii Qaban ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa.

**26. Aangoo fi Hojii Koree Leecalloo Walitti Qabuu**

Koreen leecalloo walitti qabuu itti waamamni isaa koree hoji raawwachiiftuuf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Madda galii qoratee adda ni baasa; karoora ni qopheessa;
2) Hojiirra oolmaa kaayyoo gumichaaf leecalloo walitti ni qaba;
3) Murtee hoji raawwachiiftuutiin leecalloo akaakuun walitti qabame gara maallaqaatti akka jijjiiramu ni hojjeta;
4) Gabaasa hojii qopheessuun koree hoji raawwachiiftuuf ni dhiyeessa.

**27. Koree Ragaa, Calallii, Deeggarsaa fi Hordoffii**

Miseensonni koree ragaa, calallii, deeggarsaa fi hordoffii gumichaa kanneen armaan gadiiti:

1) Manaajara Gandichaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Walitti qabaa
2) Hojjetaa Ekisteenshinii Fayyaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Barreessaa
3) Waldaa namoota vaayirasii HIV/AIDS dhiiga isaanii keessa jiruu ~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
4) Bakka bu'aa Waldaa Dargaggootaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
5) Bakka bu'aa Waldaa Dubartootaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa
6) Bakka bu'aa Waldaalee Tola Ooltotaa Gandicha keessatti hojjetan ~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa.

**28. Aangoo fi Hojii Koree Ragaa, Calallii, Deeggarsaa fi Hordoffii**

Koreen ragaa, calallii, deeggarsaa fi hordoffii itti waamamni isaa koree hoji raawwachiiftuuf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Ragaa qaamolee hawaasaa saaxilamtoota rakkoo jireenya hawaasummaa ni qopheessa; ni qabata;
2) Fayyadamtoota liqii marmaartuu fi kennaa kallattii ni calala; namoota dursi kennamuufi qabu adda ni baasa;
3) Ragaa fi xiinxala fayyadamtootaa deeggarsa argachuu qaban adda baasuun koree hoji raawwachiiftuuf ni dhiyeessa; akka mirkanaa'u ni taasisa;
4) Iyyata calallii fayyadamtootaa ilaaluun deebii ni kenna;
5) Fayyadamtoota gargaarsa argatan gargaarsichi kaayyoo kennameef ooluu isaa ni hordofa;
6) Gabaasa raawwii hojii koree hoji raawwachiiftuu gumii walgargaarsa hawaasaatiif ni dhiyeessa.

**Kutaa Afur**

**Hundeeffama, Itti waamama, Aangoo fi Hojii Koree Qindeessituu**

**29. Hundeeffama**

Gumicha ol'aantummaan kan deeggaruu fi kan gaggeessu kanaan booda **"Koree Qindeessituu"** jedhamee kan waamamu Sadarkaa Naannoo, Godinaa, Aanaa fi Magaalaatti Dambii kanaan hundeeffamee jira.

**30. Itti Waamama Koree Qindeessituu**

Itti waamamni koree qindeessituu caasaalee Biiroo sadarkaa sadarkaan jiraniif ta'a.

**31. Iddoo Hojii Koree Qindeessituu**

Iddoon hojii koree qindeessituu Naannoo, Godinaa fi Aanaa yookiin Magaalaa caasaalee Biiroo sadarkaa sadarkaan jiran keessa ta'a.

**32. Miseensota Koree Qindeesituu**

1) Koreen qindeessituu Sadarkaa Naannootti miseensota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa ------------------------------- Walitti qabaa
   (b) Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii ----------------------- I/A/Walitti qabaa
   (c) Biiroo Eegumsa Fayyaa ------------------------------------------------------ Barreesaa
   (d) Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa --------------------------------------- Miseensa
   (e) Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee ----------------------------------- Miseensa
   (f) Biiroo Barnootaa -------------------------------------------------------------- Miseensa
   (g) Biiroo Dhimma Dargaggoo fi Ispoortii --------------------------------------- Miseensa
   (h) Biiroo Haqaa ------------------------------------------------------------------ Miseensa
   (i) Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii -------------------------------------- Miseensa
   (j) Biiroo Konistiraakshinii ---------------------------------------------------- Miseensa
   (k) Komishinii Hooggansa Sodaa Balaa ------------------------------------------ Miseensa
   (l) Komishinii Karooraa fi Misooma Diinagdee --------------------------------- Miseensa
   (m) Ejensii Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa ------------------- Miseensa
   (n) Komishinii Poolisii ------------------------------------------------------------ Miseensa.
2) Koreen qindeessituu sadarkaa Godinaa fi Aanaa yookiin Magaalaa haaluma walfakkaatuun hundeeffamanii jiru; Raawwiin keewwata xiqqaa kanaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
3) Keewwata kana keessatti keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti qaamolee miseesnsa koree qindeessituu ta'uu danda'an itti dabaluun ni danda'ama.

**33. Aangoo fi Hojii Koree Qindeessituu Naannoo**

Koreen qindeessituu sadarkaa naannoo aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Ragaa dhaabbilee miti mootummaa biyya keessaa fi alaa naannicha keessa socho'an ni qabata;
2) Rakkoolee hawaasummaa furuuf dhaabbilee miti mootummaa naannicha keessatti hojjetan gumicha waliin qindaa'anii akka hojjetan haala ni mijeesa;
3) Leecalloon gara Naannichaa akka dhufuuf bu'a qabeessummaa Gumichaa ni beeksisa;
4) Karooraa fi raawwii hojii gumichaa ni xiinxala; duubdeebii ni kenna; Gabaasa isaa Biirichaaf ni dhiyeessa;
5) Gumichaaf deeggarsa teekiniikaa fi ogummaa ni kenna;
6) Muuxannoo gaarii qindeessuun akka babballatan ni taasisa;
7) Haala raawwii sagantichaa gamaggamuun duubdeebii ni kenna.

**34. Aangoo fi Hojii Koree Qindeessituu Godinaa yookiin Magaalota Muummee fi Ol'aaanaa**

Koreen qindeessituu aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Ragaa Dhaabbilee miti mootummaa biyya keessaa fi alaa Godinichaa yookiin Magaalichaa keessa socho'an ni qabata;
2) Rakkoolee hawaasummaa furuuf Dhaabbilee miti mootummaa Godinicha yookiin Magaalicha keessatti hojjetan Gumicha waliin qindaa'anii akka hojjetan haala ni mijeessa;
3) Leecalloon gara Godinichaa yookiin Magaalichaa akka dhufuuf bu'a qabeessummaa Gumichaa ni beeksisa;
4) Gumii walgargaarsa hawaasaa hundeeffamaniif deeggarsa teekiniikaa fi ogummaa ni kenna;
5) Karooraa fi raawwii hojii gumichaa ni xiinxala; duubdeebii ni kenna; gabaasa isaa caasaa Biirichaa sadarkaan jiraniif ni dhiyeesa;
6) Muuxannoo gaarii qindeessuun akka babal'atan ni taasisa;
7) Aanaalee bu'aa gaarii galmeessisan dorgomsiisee ni jajjabeessa; ni badhaasa;
8) Haala raawwii sagantichaa gamaaggamuun duubdeebii ni kenna.

**35. Aangoo fi Hojii Koree Qindeessituu Aanaa yookiin Magaalaa Sadarkaa Ol'aanaa Gadi Jiranii**

Koreen qindeessituu Aanaa yookiin Magaalaa sadarkaa ol'aanaa gadi jiran aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Dhaabbilee tola ooltotaa biyya keessaa fi biyya alaa Aanicha yookiin Magaalicha keessa socho'an Gumii Walgargaarsa hawaasaa Gandaa keessatti miseensa Gumichaa ta'anii akka hojjetan ni taasisa; waliin qindoomuun mari'atanii hojjechuu isaanii dhiyeenyaan ni hordofa;
2) Gumii Ganda keessatti hundaa'an ni cimsa; deeggarsa ni kenna; rakkoolee qunnamaniif kallattii furmaataa ni kaa'a;

3) Gabaasa raawwii hojii Gumicha irraa dhiyaatu ni gamaaggama; duubdeebii ni kenna;
4) Hojii Ganda keessatti raawwatamuu qaban qindeessuudhaan gabaasa isaas caasaa Biirichaa sadarkaan jiraniif ni dhiyeessa;
5) Sochii Gumichaa irratti hundaa'uun Aanaaf yookiin Magaalaaf baajata ni ramada;
6) Galii madda adda addaa irraa argamu kaayyoo jedhameef ooluu isaa ni hordofa;
7) Gumii raawwii fooyya'aa galmeessise irraa kanneen biroo muuxxannoo gaarii haala itti argatan irratti deeggarsa ni taasisa.

**36. Sirna Walgahii fi Kenniinsa Murtii Gumii, Koree Hojii Raawwachiiftuu fi Koree Qindeessituu Sadarkaan Jiranii**

1) Gumiin walgargaarsa hawaasaa fi Koreewwan qindeessituu sadarkaan jiraniii ji'a saditti al tokkoo fi Koreen hojii raawwachiistuu gumii ji'atti al tokko walgahii idilee kan qabaatan ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walitti qabaan walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2) Miseensota keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahichi guutuu ni ta'a.
3) Murtiin Koree sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggare murtii korichaa ta'a;
4) Yaadni garaagarummaan ka'es qaboo yaa'ii irratti galmaa'uu qaba.
5) Keewwata kana keewwta xiqqaa 1-4 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Gumichi, Koreen hojii raawwachiiftuu fi Koreen qindeessituu sadarkaan jiru haala adeemsa hojii, yeroo walgahii fi kenna murtii mataa isaanii tarreeffamaan baafachuu ni danda'u.

**37. Aangoo fi Hojii Walitti Qabaa Koree Qindeessituu**

Walitti qabaan Koree qindeessituu sadarkaan jiranii Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu:

1) Hojiiwwan Koree Qindeessituu ni qindeessu;
2) Koree Qindeessituu wal gahii ni waamu; ni gaggeessu;
3) Sektarootni Sochii hojii gumii wal gargaarsa hawaasaa akka deeggaran ni taasisa;
4) Hojii dabalataa koree qindeessituun kennamaniif ni raawwatu.

**38. Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Walitti Qabaa Koree Qindeessituu**

Itti waamamni Itti Aanaa walitti qabaa walitti qabaa sadarkaan jiraniif ta'ee, Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu:

1) Yeroo walitti qabaan hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta;
2) Hojiiwwan dabalataa walitti qabaadhaan kennamaniif ni raawwata.

**40. Aangoo fi Hojii Barreessaa Koree Qindeessituu**

Barreessitoonni koree qindeessituu sadarkaan jiranii itti waamani isaanii walitti qabaa koree qindeessituu sadarkaan jiraniif ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu:

1) Hojiiwwan barreeffamaa koree qindeessituu ni raawwatu;
2) Ajandaawwan walgahii walitti qabaa koree waliin ta'uun qopheessanii ni dhiyeessu;

3) Walgahiin yeroo gaggeeffamu qaboo yaa'ii ni qabatu;
4) Ragaalee fi qaboo yaa'ii sirnaan gurmeessanii ni qabatu;
5) Walitti qabaa fi Itti Aanaan walitti qabaan yeroo hin jirretti bakka bu'anii ni hojjetu;
6) Hojiiwwan biroo walitti qabaadhaan kennamaniif ni raawwatu.

## Kutaa Shan

## Madda Faayinaansii, Sirna Bulchiinsaa fi To'annaa

### 41. Madda Faayinaansii

Maddi Faayinaansii Gumichaa kanneen armaan gadii irraa ni ta'a:

1) Buusii miseensotaa dhaabbiin walitti qabamu irraa;
2) Akkaataa barbaachisummaa isaatti buusii hawaasa irraa walitti qabamu;
3) Deeggarsa abbootii qabeenyaa fi hawaasa daldalaa irraa;
4) Deeggarsa dhaabbilee tola ooltotaa fi dhaabbilee gargaarsaa irraa;
5) Deeggarsa dhaabbilee amantii fi afooshaalee irraa;
6) Dhaabbilee misooma Mootummaa fi miti Mootummaa irraa;
7) Waldaalee Siivikii irraa;
8) Mootummaan Naannoo Baajata isaa dimshaahsarraa ramadu irraa;
9) Gurgurtaa qabeenya waliinii irraa murtii ummataatiin kan argamu irraa;
10) Pirojektii qopheessuudhaan deeggarsa qaamolee adda addaa irraa argamu;
11) Maddoota biroo irraa.

### 42. Sirna Galiin Itti Sassaabamu

1) Galiin Gumichaa maallaqaa fi akaakuun sassaabamuu ni danda'a;
2) Galiin sassaabamu nagahee seera qabeessaan ta'uu qaba;
3) Galiin maallaqaan sassaabamu baankiitti galii ta'uu qaba;
4) Galiin akaakuun sassaabamu mana kuusaa Gumichaa keessa taa'uu qaba;
5) Akkaataan sassaabbii qabeenyaa fi ittifayyadamaa isaa tarreeffama raawwii qajeelfamaa Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

### 43. Sirna Bulchiinsa Maallaqaa fi To'annoo

1) Gumichi herrega Baankii maqaa isaatiin baname ni qabaata;
2) Maallaqni gargaarsaaf walitti qabamu kaayyoo walitti qabame qofaaf ooluun isaa mirkanaa'uu qaba;
3) Aangoo fi hojiin koree odiitiif kenname akkuma jirutti ta'ee, shakkiin yoo jiraate yookiin to'annaan leecalloo dandeettii koree odiitii ol yoo ta'e odiitara alaatiin akka qoratamu taasisuun ni danda'ama; raawiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
4) Gabaasni sochii maallaqaa fi ittifayyadama isaa waggaatti yeroo lama Gumichaaf dhiyaatee mirkanaa'uu qaba; raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**44. Hordoffi fi Deeggarsa**

1) Koreen qindeessituu sadarkaan jiran waggaatti yeroo lama hordoffii fi deeggarsa ogummaa dirree ni taasisa; duubdeebii ni kenna.
2) Koreen keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame galiiwwan yookiin leecalloo walitti qabame itti fufiinsaan rakkoo hawaasichaa akka furu hordoffi fi deeggarsa ni taasisa.

**Kutaa Jaha**

**Tumaalee Adda Addaa**

**45. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu dambii kana raawwachisuuf deeggarsa barbaachisu kennuuf dirqama qaba.

**46. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin yookiin qajeelfamni yookiin barmaatiileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**47. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Biirichi qajeelfama baasuu ni danda'a.

**48. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Waxabajjii guyyaa 28 Bara 2010 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Lammaa Magarsaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

**Waxabajjii 28,** Bara 2010

Finfinnee